


Bibliani Ijoolee



Nuhufi
Bisaani Guddo



Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: Byron Unger; Lazarus
Alastair Paterson

Ka gadi deebise: M. Maillot; Tammy S.

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation
Agency Christianlingua.com

Ka gadi baase: Bible for Children
www.M1914.org

©2020 Bible for Children, Inc.

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini
baafattu hinqabda ammo hingurgurini.




Nuhuni nama Waaqa yaammatu.

Nami kaani ch'ufti Waaqa

jibbe salfachuufi dide.

Guyya tokko, Waaqi waan isa
rifachise jed'eni. "Anini lafa
ch'ubuu tana himbaleessa,"

Waaqi waan Nuhuni
jed'e,
"Maati te
ch'allaatti baha."



Waaqi Nuhu akka bisaani guddoni d'ufaani lafa guutani itti hime. "Obolo guddo mukhani mid'assani jari, obolo guddi mati teetifi bineensa heddu wolti geettu,"

Nuhu mura itti baasani. Waaqi

Nuhu waanuma inni tolchu itti

hime. Nuhunu

huji jala
qabate.





Hegeri nami Nuhu
goyyesse akkuma
inni waan obolo suni
mid'aassufi
itti himu.

Nuhuni
durumatti
dabre jaare.
Inni namalle waan
Waaqa itti hime.
Namu isa
hinch'aqasine.




Nuhuni d'ugefacha
guddo qaba. Inni Waaqa
d'ugefate ato bokkeni
duraani takka hinrobinille.
Duuba giseni obolo mihani
guutani geette.




Duuba bineensi d'ufe. Waaqi bineensa torba ka gosa tokkotiifi, lama ka gosa d'ibitini d'ufe. Simp'irreni guggurdofi didiqoni, bineensi mummuyyofi d'ed'eeralleni gara oboloo d'ufe.



Hegeri nami Nuhutti hiyye arbse
hojja inni bineensa suni obolotti
oli naqe. Worri Waqaatti
ch'ubbamu hinlakkimne.
Worri ammalle akka
obolo oli duudu
hinkad'anne.




Muumme irratti,



bineensafi
simp'ireeni
ch'ufti yayyu
duudde. "Obolo
seeni," Waaqi
jed'e Nuhu d'iesse.
"Siifi maatini tante."
Nuhufi, niiti isaatifi,
ilmaani isa ta d'iira saadifi
nad'eeni worra obolo duudde.
Duuba Waaqi balbala ch'ufa.





Duuba bokkeni
d'ufe. Bokkeni
guddani lafa guute
guyyaafi halkani
afurtama.





Bisaa
lolaa guddoni
diraafi ollowaani
gubbaati jiigani. Gaafa bokkeni
ejjaate, gaarrenilleni bisaani jala
jiraani. Wonti ch'ufti ka
afuura baafatu hobbae.





Akkuma bisaani oli
bahanini, oboloni bisaani
gubba deemte. Hegeri
keesiti hindukkanoofti,
yokhaani hindadarabamti,
yokhaani hinsoodachiifti.
Ammo Oboloni Nuhu
bisaani irra tissite.



Eegi jia shani ka bisaani guddoo,
Waaqi qileensa goggossu erge.
Laanuma, oboloni d'ufte fiit'e gara
Ararati irratti ejjatte. Nuhuni
guyya afurtama d'ibi oboluma
keessatti
hafe haga
bisaani
gadi
ch'ap'aniti.



Nuhuni harangessafi sabalisa fulo diqo obolo
keessani gadi lakkise.






Torbani itti aanulle,
Nuhuni ammalle itti laale,
Sabalisi obossa mukha
ejersa afani qabde gadi
deebiteni. Torbani itti aanu
Nuhuni akka lafti goggodde
beekhe maan jeennai
sabalisi gadi
hindeebine.



Waaqi akka giseni Nuhuni obolo keessa
bahu geette itti hime. Wolini, Nuhufi
worri isa bineensa keessa yaase.





Akka Nuhuni
galatefate guddo!
Inni fula sorio itti
baasani mid'aasse
Waqa isaafi
worra isa bisaan
guddo suni jala
baase yaammate.



Waaqi Nuhu
khakhu guddo
jabdu galefi. Inni
itti deebie ch'ubbu
nama bisaan guddoni
itti ergitini itti himmuru.

Waqa qaabacha
guddi khakhu Isa
kenne. Uleni
Waqa akhekha
khakhu Waqa.



Nuhufi worri
isa jala qabata
hareessa argatte eegi
bisaani guddoo. Eegi gise
diqoo, d'alooti isa lafa irra
nama guute. Gosti lafa
ch'ufa kara Nuhufi

ilmaani

isa gula d'ufte.



Nuhufi Bisaani Guddo


Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Uumama 6-10

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."
Faaru 119:130





Buufata



Bibiani odu Waaqa jaba tokko ka nu
uume ammalle si isa beettu fed'u nutti hima.

Waaqa himbeekha akka nu waan hamtu hoijanne,
ta Inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa, ammo Waaqi
guddo si jaalata Inni Ilma Isa tokkocha, Yeso, erge akka inni
maskali irratti due ch'ubbu tantetiifi d'aanamu. Duuba Yesoni
jireennatti deebie Gubbaattiitti gale! Yo atini Yeso d'ugefatté
ammalle akka Inni ch'ubbu si araaramu kad'ate, Innis ii tolcha
akkasi! Inni d'ufe si keessa taa ammantana, atilleni
Isani wolini haga jiru jireenna teetta.

Yo atini d'uga tana d'ugefattu, waan kana Waaqani jed'i:
Yeso Kiyya, Anini hind'ugefadd'a Atini Waaqa, ammalle nama taate
akka marro ch'ubbu tiyyatiifi naa dootu, Atini ammantana hinjirta.
Jireena kiyya keessa seeni ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini
jireenna haraa ammantana argadd'u, ammalle akka guyya tokko
d'aqe si wolini haga jiru jireenna tau. Akka anini si salfadd'e akka
Ilmaan tanteeti si wolin jiraadd'u na dandeessisi. Amin.

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa! Yohana 3:16

